

## Qajeelcha Kunuunsa Simbirroo Andoolleessa



**Wax. 2016 Jimmaa**

## Contents

1. Kunuunsa Simbirroo Maaliif barbaachise? .....	3
2. Kununsaa Simbiroo Andoolleessa Uummata Wajjin .....	4
3. Kaayyoo Qajeelcha Kunuunsa Simbiroo Andoolleessa .....	5
4. Attamitti Simbirroo Andoolleessa kunuunsinna (Caasaa Kunuunsaa Simbiroo Andoolleessa qopheessuu).....	5
5. Barbaachisummaa Sab-qunnamtii Hawaasaa.....	6
6. Faayidaa laafti caffaa'aa ummaata nannoof qabu .....	6
7. Lafti caffaa'aa attamitti baduu danda'a? .....	6
8. Galata .....	7
9. Waabii .....	7

## 1. Kunuunsa Simbirroo Maaliif barbaachise?

Kunuunsi hubannoo nuti qabeenya uumamaa irratti qabnu akka dabaluuft akkasumallee maaltu akka bade, jiruf akkasummas maal akka dhaloota dhufuuf dabarsuu qabnu beekuuf nu gargaara. Kunuunsi doorsisaafi manca'insa biidoollee hambisuufi akkasumas, dhaloota dhufutti dabarsuuf bakka gudda qaba. Yeroo ammaa addunyaan gochaa dhala namaatiin sanyii fi lakkoofsi biidoollee baay'ee hiraachaa jira, (Dirzo et al., 2014). Badiinsaa sanyii lubbuu qabeeyii 22, 000 oliifi harka 85 kan qabatu manca'insa bakka jireenya lubbuu qabeeyiidha (Birdlife International, 2012). Badiinsiifi xiqqaachaa dhufuun bidoollee sababa dhalli namaa qabeenya uumamaa amma fayyadamuu qabu oli waan fayyadamuuf addunyaa kana rakkoo guddaa irra buuseera. Dhalli namaa bidoollee ballessuufis ta'ee kunuunsuuf bakka guddaa qaba.

Xiqqaachuun sanyii tokkoo naannoo murasa irratti argamuu sanyichi iddoo tokkoo baduun baay'inni sanyii sanaa addunyaa irraa akka xiqqaatu nu agaarsiisa. Egaa badaa jiraachuu sanyii tokkoo irratti yoo jiraate, kunuunsuuf uummata damaksuuf barsiisuun barbaachisaa dha. Simbirrooleen baduuf jirachuun malattoolee jijjirama qilleensaafi naannoo nutti agarsisan keessaa isaan tokkoodha akkas jeechuun yoo qilleensi naannoo tokkoo halaan jijjirame simbirroon naannoo sana irraa iddoo biraatti godaanu kun immo naannoo tokko badii jala jirachii isaa nu agarsiisa (Gemedda, 2016). Biyyoota hedduu keessatti simbirroolee daawwachuun akka burqaa hawata turizimiitti fayyaada jira.

Simbirroo Andoolleessa (Wattled cranes) sanyii crane ardii Afrikaa keessatti argaman jahan keessaa isa tokkoodha, (Harris and Mirande, 2013). Sanyii simbira kana lakkoofsi isaa xinnaa ta'uu isaatiin salphaatti baduu irra ga'uu kan danda'uudha. (Birdlife International, 2012). Simbiroo Andoolleessa kunuunsuuf waantoota lamatu nama dirqamisissa. Isaanis; (1), Addunya irraa waan badaa jiruuf (2), Hawaata Turizimiif waan nugargaaruuf akkasumaas Elbisoota midhaan nyaatan waan sooratuuf. Biyyoota simbiroon kun keessatti argamu keessatti manca'iinsaafi xiqqaachaa dhufuun lafa cafaa'aa; kanneen sanyii kanaaf rakkoo guddaa tahaniidha. Simbiroon naannoo tokko sababa uumamaafi dhalli namaa jeequmsa naannoo irratti geessisuun baduu danda'u. Badiinsa lafa jiidhaa bakka wal-hormaataafi soorata simbiroo Andoolleessa akkasumallee ijoolleen loon tiksitu buuphaa isaa cabsuudhaan sanyii simbira kana xiqqeessa jiru (Aynalem et al., 2010).





Figure 1: Simbirroo Andoolleessa (Photo by Ababayehu A., July 2016)

## 2. Kununsaa Simbiroo Andoolleessa Uummata Wajjin

Hawaasa naannoofi namootni dhaabbata adda addaa keessatti qooda qaban kunuunsa sanyii simbira irratti hirmaachisuun barbaachisa dha. Qaama dhimmi ilaalu hunda hirmaachisuun kunuunsi sun akka galma ga'uu gochuu irratti gahee olaanaa qaba. Kunuunsi tokko hirmaannaa uummataan alatti galma gahuu hindanda'u. Karoorri kunuunsa tokkoo kan inni galma ga'uu danda'u yoo namoonni naannoofi qaamni dhimmi ilaallatu hundi karoora baasuu irraa eegalee hanga hojii irra oolchuu irratti yoo hirmaateedha. Keesumattuu hirmaannaan hawaasa naannoo kunuunsa sanyii simbiroos, ta'ee kan biraaf furmaata akka ijootti beekuu qaba (Gemed, 2016). Sababa badiinsaafi xiqqaachaa dhufuu lafa caffaa'aa irraa kan ka'e jireenya simbirroo Andoolleessa irra rakkoon guddaan akka gaha jiru beekama dha. Yoo badinsi lafa caffaa'aa haaluma amma jiruun itti fufe sanyiin simbirroo

kanaa badu ni mala jenne dubbachuun nama hin raakkisuu sabani isaas simbiroon kun baayinaan jireeny isaa lafa caffaa'aa irratti waan hundaa'eef. Yoo lafti caffaa'aan kun bade immoo bakka sooratafi wal-hormaata isaa barbaduuf jeecha naannoo biraatti godaanu ni dirqamaa.

### **3. Kaayyoo Qajeelcha Kunuunsa Simbiroo Andoolleessa**

Kaayyoon qajeelcha kanaa mala ittin simbiroo Andoolleessa kununsudhaan manca'iinsa sanyii isaa xiqqeessuuf akka inni gara fuula duratti jiraatu gochuu dha. Kana raawwachuuf immoo qajeelchi kun waantoota hojjeetamuu qabaaniif attamitti akka hojjeetamu nu-agarsiisuuf nu gargaara.

### **4. Attamitti Simbirroo Andoolleessa kunuunsinna (Caasaa Kunuunsaa Simbiroo Andoolleessa qopheessuu)**

Kunuunsa simbiroo Andoolleessa galmaa geesiisuuf tarsiimoo lama faayadamuun barbaachisaa dha. Tarsiimoon tokkon rakkoo manca'iinsa bidoolleef furmaata kennuu hin dandenyu. Mala makaa "bottom- up fi top-down" ilaalcha keessa galchuudhaan karora kunuunsa akka yaadameefi,yeroofi qabeenyaa utuu hin afoollessiin sirriitti hojjechuun nama dandeessisa. Malli "botom-up" kan jedhamu yaada, ilaalchaafi hubbannoo hawaasni naannoo qaban gadi bu'anii baruudhaan ilaalcha isaanifi beekumsa isaan qabsiisuudhaan kunuunsa irratti hirmaachisuuf yeroo tahu "top-down" kan jedhamu immoo qaama dhimmii ilaalatuu keesummatuu caasaa dhabbilee motummaa keessa darbuudhaan deeggarsa waajjiroolee fi abbaa aangoo dabalachuudhaan uummata balaa akka duulaa kununsaa bidoollee irratti hubannoo argataniif akkasumalee hojjeetaan gochuu dha. Yeroo tarsiimoon qopha'uu karoora akka dura aantii (Priority stetting) isatti qopheesuuf dandeetti rawachuu danda'an beekuun waanta yaadame akka lafa irratti qabatamaan rawachuuf nama gargaraa (Brooks et al., 2006). Toftaa laman bottom-up fi top-down faayadamuudhaan qajeelchaa fi imaammata ifaa tahee qalaqudhaan qaama dhimmi ilalatuu hunda: hawaasa nannoo, bulchaa hawaasa nannoo, bulchaa aanaa fi zoonii, universitoota fi dhabbillee qorannoo adda addaa, dhabbillee motummaa fi mti-motummaa hirmaachisuudhaan manca'iinsaa fi badisaa bidoollee olchuun ni danda'ama. Gaaffi attamitti simbiroo Andoolleessa kunuunsinaa issa jedhuuf waantoota sadanii armaan gaditti tarreffamaan rawwachuun dirqamaa dha.

1. Lafa caffee kunuunsuudhaan/eeguu
2. Yeroo wal-hormaata isaa bakka inni itti wal-horuu sochii namoota xiqqeessun akkasumaas buphaa isaa fi ilmoo isaa badisaa irraa eegudhaan
3. Faayidaa lafa caffaa'aa uummata barsiisuudhaan

## 5. Barbaachisummaa Sab-qunnamtii Hawaasaa

Dhimma kunuunsaa irratti sab-qunamtiin hawaasaa adda adda faayyadamuudhaan yeroo gabaabaa keessatti namoota baay'eef barbaachisummaa kunuunsi irratti hubannoo kennuun waan filannoo hin qabine dha. Meeshaalee sab-qunamtii hawaasaatii faayyadamuudhaan wantoota raawwatamaniif qorannoodhaan bira ga'aman barruulee adda addaa irratti maxxansuudhaan hawaasaafi qorattoota saayinsiif hiruudhaan daangaa tokko malee ilaalcha namoota baay'ee irratti jijjirama guddaa fiduun nidanda'ama.

Kunuunsi Simbiroo Andoolleessa waltumsaafi carraaqqii garee seekteroota adda adda: Waajjira Qonnaa, Eegumsa Lafaafi Naannoo, Interpraayizii Bosonaafi Bineensootaa, Aadaafi Tuurizimii, dhaabbilee dhunfaa, Dhaabbilee hawaasaa, Dhabbillee qorannoo, Yuunversiitootaafi manneen barnoota sadarka adda addaa irratti hirmaachisuudhaan bu'aan gaarii argamu danda'a. Kanaafuu, Sekteeroota adda addaa mala leenjitiin hirmaachisuun waanta filannoo hin qabine dha.

## 6. Faayidaa laafti caffaa'aa ummaata nannoof qabu

Laafti caffaa'aa bakka jireenya simbiroolee adda addaa ta'uu irraa darbee ummaata nannoof faayidaa guddaa kenna. Kanneen keessan kan armaan gaditti tarreeffamaan isaan ijoo dha.

1. Bishaan falaamee qulqulleessaa
2. Bishaan yeroo dheeraaf kuusee qabuudhaan namootaf elbisootaf gargara
3. Akka Spoonjjitti qabudhaan lolaa rooba booda suuta suuta gadhisuun badinsaa qabeenyaf lubbuu nama irraa ga'uu hambisaa
4. Yeroo ongeen dheeratuu horiin margaa fi bishaan achi argataa
5. Jijjirama qilleensa dhadhaamachuuf gargaara
6. Bakka jireenya bidoollee (simbroo fi binneensoota) ti
7. Bakka hawaata turizimii dha
8. Bakka wal-hormaata simbiroolee dha
9. Kallee lafa ta'uudhaan bishaan fallamee qulqulleessa
10. Bakka lubbuu qabbeeyyini baayyeen waan barbadanii akka salphata argattan dha

## 7. Lafti caffaa'aa attamitti baduu danda'a?

Biyyoota dinagideen isaan qonnaa irratti hunda'ee qabeenya uumamaa kessumaa lafa caffaa'aa amma fayyadamuu qabani olii fayyadamuudhaan lafa caffee qoorsee jalisitti faayadamuudhaan baleessa jira. Kana irraa kan ka'ee yeroo ammaa waantoonni armaan gadditti tarreeffaman edoo baayeetti mulaachaa jira.

- Qaamni bishaan lafa caffaa'aa dabalatee xiqqaachuu jira,
- Caffee qoorsuudhaan jalisitti faayadamaa jiru
- Dalaliin sababa rakkoo nannootiin kan ka'e dabaluuudhaan lafa caffaa'aa balleessuu jira,
- Naannoo lafa caffaa'aa amma barbaachisuu olitti dheedichahoriitiif fayyadamuu,
- Hubannoo dhabuu faayidaa lafa caffaa'aa,
- Wanttoota falamaan lafa caffaa'aatti gatuu
- Haramaa yookiin biqiltoota hinbarbadamineen qabamuu

## 8. Galata

Barruulee simbiroo Andoolleessa kana qopheessuuf kan gummaacha mallaqqaa kan naaf godhe dhaabbata "Rufford Foundation" akkasummas haloota kan naaf mijeese Yuunivarsiitii Jimmaa, Kolleejjii Qonnaa fi Faayaa Beeyladaaf galani koo guddaa dha. Itti ansuudhaan baaka bu'oota waajjiraalee motumma, uummata nannoo, manabarumsa qacaama fi Jituu sadarkaa Iffaa kan haal-duree tokko malee na deggeraan hedduu galateeffadha.

## 9. Waabii

1. Aynalem S, Nowald G, and Schroder W (2010). Biology and Ecology of Cranes; Wattled Cranes (*GrusCaruncucatus*), Black Crowned Cranes (*Balearicapavonina*), and Eurasian Cranes (*GrusGrus*) at Lake Tana, Ethiopia. (Eds) Nowald G, Weber A, Fanke J, Weinhardt E, and Donner N (Eds) 2013. Proceedings of the 7th European Crane Conference-Breeding, resting, migration and biology, Crane Conservation German. GroßMohrdorf.
2. Birdlife International (2012). Balearicapavonina. The IUCN Red List of Threatened Species 2012. <http://www.iucnredlist.org/details/22692039/0> (Assessed on November 8, 2015).
3. Brooks TM, Mittermeier RA, da Fonseca GA, Gerlach J, Hoffmann M, Lamoreux JF and Rodrigues AS (2006). Global biodiversity conservation priorities. Science, 313, 58-61.
4. Dirzo R, Young HS, Galetti M, Ceballos G, Isaac NJB and Collen B (2014). Defaunation in the Anthropocene. Science, 345 (6195). 401-406. <http://nora.nerc.ac.uk/508443> (Assessed on January 10, 2016).

5. Gemedo, D.O (2016). Black Crowned crane (*Balearica pavonina* L.) conservation guideline in Chora Boter district of Jimma zone: The case of Ethiopia. *International Journal of Biodiversity and Conservation*. Vol. 8 (8), pp. 164-170.
6. Harris J and Mirarande C (2013). A global overview of Cranes: Status, threats and conservation priorities, International Crane Foundation, Baraboo, USA, *Chinese Birds* 2013, 4 (3): 189-209.